# Seera Mirgoota Hospisii Minnesootaa fi Federaalaa Waliitti Qindaa’e

## Seera Mirgoota Hospisi Minnesota
## HAALA SEEROTA MINNESOTAA, KUTAA 144A.751

Afaanichi inni maxxansa **GURRAACHA-IFAA** seerafederaalaa jalatti dhukkubsattoota “Medicare-certified” Hospisiitiif mirgoota itti fayyadamaa dabalataa bakkanii bu’a.

Qaamota Kutaalee 1. Ibsamirgootaa. Namni kunuunsaa Wal’aansa Dhukkuba Umurii Guutuu argatumirgoota kanneen ni qabaata:

**Mirgoota isaa ykn ishii beekuu qabu, hospisichisi tti-fayyadama mirgoota kanaa eeguu fi guddisuuqaba.**

(1) **Akka dhukkubsataa hospisichaatti mirga isaatti ykn ishiitti ni fayyadama.** Tajaajila hospisi otoo hin fudhatiniin dura ykn kakaasina tajaajila hospisitin dura yeroo daawwannaa gamaggama jalqabaatin dursee waa’ee mirgootaa irratti, mirgoonni yoo caban maal akka godhan dabalatee, odeeffannoo barreeffame nifudhata.

**Beeksisamirgootaa fi ittigaafatamummaawwani: (1) Tajaajila kennuudhan dura yeroo gamaggama jalqabaa afaan fi haala dhukkubsataan ittin hubatuun hospisichi dhukkubsaticha ykn bakka bu’aatti beeksisa mirgoota fi itti-gaafatamummaawwan dhukkubsatichaa jechaan (innis dubbachuudhan) fi barreeffamaan kennuu qaba;**

**(2) Qajeelchawwan dursaa ilaalchisee barbaachisawwan murnaxinnaa I kutaa Code of Federal Regulations (CFR) 489 boqonnaa kanaa hospisichi kabajuu qaba. Qajeelchawwan dursaa irratti imaammatawwan isaa ilaalchisee, ibsa seera biyyaa hojiiirra jiru dabalatee, hospisich odeeffannoo barreeffame dhukkubsaticha beeksisuu fi itti rabsuu qaba;**
**(3) Garagalchi beeksisa mirgotaa fi itt-gaafatamummaawwan fudhachuu mirkaneessudhaaf hopisichi mallattoo dhukkubsatichaa ykn bakka bu'aa argachuu qaba.**

(2) Haalakaroora kunuunsa hospisii miija'aatin fi sadarkaawwan kunuunsa hospisii fudhatamaa ta'e jalatti fi karoora fi kunuunsa fi tajaajiloota gamaggamuu uumuudhaa fi jijjiiruu irratti qooda cimaa fudhachuudhaf kunuunsa fi tajaajiloota ni fudhata**. Karoora kunuunsa hospisii isaa ykn ishii guddisuu keessatti ni hirmaatti.**

(3) Waa'ee tajaajiloota kennamanii, naamuusawwan kunuunsa kennanii, deddeebii daawwannaawwan kennamuuf yaadamanii, filannoowwan jiran, fi gatii filannoowwan kanneenii, gatiiwwan tajaajiloota kanneen kana diduu dabalatee kunuunsa otoo hinfudhatiniin dursee itti himamuu qaba.

(4) Ennaa danda'ame, karoora kunuunsa hospsii keessatti jijjiiran kamiyyuu fi jijjiirra kamiyyuu keessatti qooda cimaa akka fudhatuuf dursee itti himamuu qaba.

(5) **Kunuunsa**, tajaajiloota ykn waldhaansa diduu.

(6) Tajaajiloota tajaajila keennaa irraa argaman irratti hanqinoota kamiyyuu, fi tajaajiloota kutuudhaf sababoota tajaajila kennaa dursee beekuu. **Waa'ee daangaa tajaajiloota hospisiin kennuu fi tajaajiloota sana irratti hanqinawwan addaatiif odeeffannoo ni argata.**

(7) Yoo tajaajiloonni hospisii inshuuraansii fayyaatin, gargaarsa waldhaansaatin, "Medicare" iidhaan, ykn sagantaawwan biraa kannamichi keessatti galmaa'en kan golgamu ta'us ta'uu baatus kunuunsa argachuu isaa dursee ni beeka. **Waa'ee tajaajiloota bu'aa hospisii jalatti hammatamanii odeeffannoo ni argata.**

(8) Maallaqa deebi'aa tajaajila kennaan kamppaanii sagantaa fayyaa namichi keessatti galmaa'e irraa fuudhuf eegu keessaa ennaa gaafate shallaggii amansiisaa ta'e ni argata. Gaafiin ama kamppaanii sagantaa fayya keessatti hin galmoofneen shallaggiin amanamaa gaariis jiraachuu qaba. Odeeffannoon kaffaltii kanaa shallaggii baasii tajaajilootaa seeraan walitti hidhuu hin qabu.

(9) Haawaasicha keessatti tajaajiloonni biraa, tajaajiloota jireenyaa garabiraa fi tajaajila kennitoota hospisii biraa dabalatee beekudhaan odeeffannoo waa'ee tajaajiloota kanneenitiif eessa akka deemu ni beeka.

(10) Daangaawwan inshuuraansii fayyaa, gargaarsa waldhaansaa, Medicare, ykn sagantaawwan fayyaa biraa keessatti idda tajaajiloonni calqabaniin booda tajaajila kennitoota jiran keessaa bilisaan filatee tajaajila kennitoota ni jijjiira. **Hakima isaa ykn ishii hordofu filuu.**

(11) Ibsa odeeffannoo akkanaa ilaalchisee, odeeffaannoon dhuunfaa, maallaqaa, fi waldhaansaa eegameefii imaammatoonni fi sirnoonni tajaajila kennaa itti himamuu.

(12) Haala kutaawwan 144.291 hanga 144.298tti galmeewwan irraa waraabbiiwwani fi odeeffannoo barreeffame akka argatu ni hayyamamaaf. **Galmee waldhaansaa iccitii ni qabaata. Haala 45 CFR kutaawwan 160 fi 164 tin odeeffannoo dhukkubsataa fi ragaawwan waldhaansaa argachuun ykn kennuun ni hayyamama.**

(13) Namoota sirriitti leenjifamanii fi hojiiwwan isaanii raawwachuudhaf dandeettii qabaniin tajaajilamu.

(14) Amala gaariidhan fi kabajaan keessummeeffamani fi qabeenyi dhukkubsatichaa kabajaan akka eegamu gochuu. Qabeenya fi nama isaa ykn ishii kabajaan akka eegaman gochuu.

(15) Waldhaansa ykn kunuunsa kan kennamu, ykn kan bakka hin geenye ilaalchisee ykn dhabiinsa amala gaarii ykn kabajaa dhukkubsataadhaf ykn qabeenya dhukkubsataatif keennamu ilaalchisee **nama kamiyyuu bakka bu'aa hospisichaa tajaajiloota kennaa jirutti komii dhageessisuu.**

**Mirgoota isaa ykn ishii waan itti fayyadameef dhukkubsattichi addaan baafamuu ykn komatamuu dhabuudhaf mirga ni qaba.**

(16) Miidhaa qaamaa fi jechaa irraa bilisa ta'uu. **Miidhaa, dagannaa, ykn miidhaa jechaa, sammuu, saalaa, fi qaamaa,**

**miidhaawwan madda hin beekamnee fi balleessaa qabeenya dhukkubsataa dabalatee irraa bilisa ta’uu.**

(17) Beeksisa dursaa sababa qabeessaa jijjiirrawwan tajaajilootaa ykn kaffaltiiwwani, yoo xinnaate beeksisa dursaa guyyaawwan kudhanii kutiinsa tajaajilaa tajaajila kennaadhanii dabalatee, yoo:
(i) fudhataan tajaajilootaa amala haalawwan qaxarrii hospisii kennaa fi nama tajaajila hospisii kennu gidduutti jiru jijjiiruu ta’e keessatti gale, ykn nama tajaajiloota hospisii kennuuf naannoo hojii aarsaa ykn naga-dhabeessa uume;
(ii) waanti ariifachiisan kunuunsa kennaa seeraan alaatif ykn haala tajaajiloota fudhataa keessatti jijjiirran guddaan fedhii tajaajilaa keessatti kan waliigaltee tajaajila kennaa ammaa caalu fi kan kennaa hospisiitin nagaadhan hin guutamne; ykn
(iii) fudhattichi kanaan booda kan fayyuu hin dandeenye jedhamee hin mirkanoofne.

(18) Kennaa tajaajilootaa keessatti ennaa jijjiirran jiraate dabarsa qindeeffame.

(19) Nama kennaa kan rakkoowwan to’achuudhaf itti gaafatama qabu akkamitti quunnamuu beekuu fi komiichaaf ykn iyyannoodhaf furmaata kennuudhaf kennichi akka qoratuu fi yaalu gochuu.

(20) Odeeffannoo ykn gargaarsa dabalataatiif quunnamuudhaf maqaa fi teessoo biyyaa ykn konyaa beekaa.

(21) Gadoodhan malee, ennaa dhukkubsataan ga’umsa dhabaatti murteeffame, mirgoota kana dhuunfadhaan mirkaneessaa, maatii

dhukkubsataa hospisiitin akka mirkanaa’u taasisaa. **Yoo dhukkubsataan tokko haala seera biyyaa jalatti mana murtii aangoo sirriitin ga’umsa dhabaa jedhamee murteeffame, maqaa dhukkubsatichaatin hojjachuudhaf haala seera biyyaatin nama bakka bu’een mirgoonni dhukkubsatichaa hojii irra ni oolu. Yoo manni murtii biyyaa tokko dhukkubsataa ga’umsa dhabaadha jedhee hin murteessine, haala seera biyyaatin bakka bu’aan seeraa kamiyyuu kan dhukkubsataadhan bakka buufame hanga seeran hayyamametti mirgoota dhukkubsatichaa hojii irra oolchuu ni danda’a ta’a.**

(22) Hanga sadarkaa barbaadamaa qananii dhukkubsataatti dhibee fi mallattoo to’achuu. **Haalawwan dhibee fixaa wajjin walti dhufaniif to’anna dhibee fi ittisa mallattoo bu’a qabeessa hospisiicha irraa argadhaa.**

**Hospisiich dirqama gochuu kan qabu:**
**(i) Cabsawwan jedhaman hundumtuu kan miidhaa, dagannoo, ykn jecha, summuu, saalaa, fi itti fayyadama humnaa kan hammatan, miidhaawwan madda hin beekamnee, fi balleessa qabeenya dhukkubsataa bakka hospisiichaatti tajaajiloota kan kennuun eenyumaanuu taasifame battalumatti hojjattoota hospisiitin fi hojjataa qaxarameen bulchiinsa hospisiichaatti gabaafamuu isaanii ni mirkaneessa; (ii) Battalumatti cabsawwan jedhaman hundumaa kan bakka hospisiitti tajaajiloota kennu eenyumaa hammatu qorachuu fi ennaa cabsawwan jedhaman mirkaneeffaman gara fuulduraatif cabsawwan ittisuudhaf battalumatti tarkaanfii ni fudhata. Haala**

**adeemsawwan jiraniitin qorannaawwan fi/ykn ragaan cabsawwan jedhaman hundumaa adeemsifamuu qabu; (iii) Yoo cabsi jedhame bulchiinsa hospisiitin ykn qaama alaa kan aangoo qabuun, kan akka ejensii qu'achaa Mootummaa ykn ejensii seera kabachiisaa naannootin mirkaneeffame, haala seera mootummaatin tarkaanfii sirreessaa malu fudhachuu; fi (iv) cabsiwwan mirkaneeffaman beekamanii guyyaawwan hojii 5 keessatti qaamawwan Mootummaa fi naannoo aangoo qabanitti (qu'annoo Mootummaa fi ejensii mirkaneessaa dabalatee) gabaafamuu isaanii mirkaneessuu.**

Yoo kennaan hospisii tajaajila hospisii mana jireenyaa kan hojjatu ta'e, beeksifni barreeffamaan dhukkubsataa hospisii mana jireenyaa tokko tokoof lakkofsa fi dandeettiiwwan hojjataa, lachuu namoota hojjataa fi fedhiin hojjattoota, barbaachisawwan MN Rule 4664.0390 guutudhaaf tajaajila hospisii mana jireenyaatti shiftii tokko tokko irratti guutudhaaf kennaadhan qaxaraman dabalatee qabaachuu qaba.

**WAA’EE EJENSICHAA YKN NAMA TAJAAJILOOTA HOSPISII ISINIIF KENNU IRRATTI IYYATA YOO QABAATTAN KUTAA FAYYAA MINNESOTAATTI, WAAJJIRA IYYANNOOWWAN TAJAAJILA FAYYAATIIF BILBILUU, BARREESSU, YKN DAAWWACHUU NI DANDEESSU. KUNUUNSA YEROO DHEERAATIIF AKKASUMAS ABBAGAARICHA QUUNNAMUU NI DANDEESSU.**

**Waajjira Iyyannoowwan Tajaajila Fayyaa**
**(Office of Health Facility Complaints)**
(651) 201-4201
1-800-369-7994
Faaksii: (651) 281-9796
**Sanduuqa Poostaa:**
Minnesota Department of Health
Office of Health Facility Complaints
P.O. Box 64970
St. Paul, Minnesota 55164-0970
TDD/TTY: 651-215-8980
**Teessoo Waajjiraa:**
Minnesota Department of Health
Office of Health Facility Complaints
85 East Seventh Place
St. Paul, Minnesota 55164-0970

**Kunuunsa Yeroo Dheeraatiif Abbagaar**
**(Ombudsman for Long-Term Care)**
(651) 431-2555
1-800-657-3591
Faaksii: (651) 431-7452
**Sanduuqa Poostaa:**
Ombudsman for Long-Term Care
PO Box 64971
St. Paul, MN 55164-0971

**Maqaa Abbaa Hayyamaa:**______________________________
**Bilbila:** ______________________________________________
**Imeelii:** _____________________________________________
**Teessoo:** _____________________________________________
**Maqaa/Aankii nama Rakkoowwan ykn Iyyannoowwan itti qajeelfamanii:**
________________________________________________________

Kaayyoowwan odeeffannootiif qofaa fi barreeffama Seera Mirgoota Kunuunsa mana keessaa keessatti hin barbaachisu: Seerawwan MN, kutaa 144A.751

Qaamota Kutaalee 2. **Hiika fi hojiiirra oolcha mirgootaa.** Mirgoonnikutaa kana jalaa bu'aa namoota kunuunsa hospisii argatanif kan hundeeffamanii dha. Akka haala kunuunsa hospisii fudhannaatti kennaan hospisii tokko namni tokko mirgoota kana akka gad dhiisuu hin barbaadu ta'a. Guddisaan ykn eegan ykn, bakka guddisaan ykn eegan hin jirretti, namni bakka buufame tokko, mirgoota kana hojiiirra oolchuu ni barbaada. Ibsimirgoota kanaamirgoota fi bilisummaawwan biraa kan silaa namoota kunuunsa hospisii argachaa jiran, namoota kunuunsa hospisii

kennaa jiran, ykn kutaa 144A.753 jalatti kennoota hospisii hayyama argatan ilaalchisee jiru bakka hin bu'u ykn hin hir'isu.

Qaamota Kutaalee 3. **Ifabaasa.** Yeroo kunuunsi hospisii calqabamu garagalchiin mirgoota kanneenii namatti kennamuu qaba. Garagalchiichi teessoo fi lakkoofsa bilbila Waajjira Iyyannoowwan Tajaajila Fayyaa fi Waajjira Abbagaar Kunuunsa Yeroo Dheeraa fi ibsa gabaabaa kana akkamitti iyyannoo waajjiroota kanneen biratti dhiyeessan ibsu ni qabaata. Odeeffannoon waa'ee akkamitti Waajjira Abbagaar KunuunsaYeroo Dheera itti quunnamanii beeksisawwan jijjiirraa kaffaltiiwwan dhiyeessaa keessatti fi beeksisawwan bakka kennaan hospisii dabarsa ykn kutaa tajaajiloota kanaa itti dhiyeessu keessatti ni dabalama.